CENTER CITY
move | connect | experience

Naannoo Tokko. Karoora Tokko. Wiirtuu Magaalaa Tokko

Ganna 2017

Wiirtuun Magaalaa Tokko Maali?

Wiirtuun Magaalaa Tokko hawaasa heddu, ilaalcha adda addaatii fi maamiltoota walitti fiduudhaan karoora waggoota 20 uumuun akkamitti socha'uu, walqunnamuu, fi ollaawwan Wiirtuu Magaalaa Siyaatil baruudhaaf kan gargaaruudha.

Naannoon keenya daddaffee guddachaa ijaa jiruu fi bakkee irraa gara bakkeetti socha'uun jijjiiramaa jira. Fula duraaf karoorfachuuf, Magaalli Siyaatil, Meetroon Kiing kaawuntii (Awutoobisiin), Geejibni Saawundii (baabura magaalaa fi awutoobusa) fi dhaabbanni Daawoon Taawonii Siyaatil waliin hojjachaa jiru. Wiirtuun Magaala Tokkoo tarsiimoo yeroo gabaabaa fi mul'ata waggaa 20 kan sochii foyyessu fi filannoo adeemsaa abdachiisaa fi bakkee gaarii ummataa hundaaf kan kennuudha.



Wiirtuun Magaalaa Hara'a

Wiirtuun Magaalaa ollaawwan jiraattota baay'ee qabanuu fi kan hatattamaan guddachaa jiran 10 ni dabalata.

Gara namoota
230,000
kan ta'an guyyaa guyyaadhaan Wiirtuu Magaalaa kana kessatti ni dedeebi'u

Jiraattota
70,000 ol



250,000
Hojii



Proojaktoonni jireenyaa fi daldaalaa
60
ol ta'an hojjatamaa jiru.

Wiirtuun Magaalaa Fula duraatti:

Magaalli Siyaatil guddachaa jirti. Waggoota dhufan 20 keessatti, abbaawwan warraa fi hojiin wiirtuu magaalaa kessatti akka guddachaa deeman ni tilmaamama. Itti dabalataanis, fayyadamni geejibaas ni dabala akkasumas tajaajilli baaburaa kan magaala keessaa hojjatamaa jiira, naannowwan bakkeewwan Norzgeetii(2021), Liinwuud fi Ovarleek(2023) fi Feedraal Wey fi Daawoontaawon Reedmand (2024) waliin qunnamsiisuun ni taasifama.



Abbaawwan warraa
25,000
ol ta'an



Hojiiwwan
55,000
ol ta'an

Sagantaa Wiirtuu Magaala Tokkoo

Amaan kana bakkee gara bakkeetti socha'uuf salphaa taasisuu akkamitti dandeenya?

Proojaktoonni hawaasaafi jaaran dhuunfaa hojjatamaa jiran waggoota dhufan heddu keessatti akkaataa Wiirtuu Magaalaa keessa seenuu danda'amu irratti dhiibbaa ni qaqqabsiisa. Amma yoo karoorfachuu baanne, bakkee tokko qaqqabuuf turuu, walitti tuuta'uu fi uummata heddu ta'e eeguu qabna.

Dhabbileen miiltoo ta'an hawaasa wajjin hojjachuun tarsiimoo dhiyeenyaa kan Wiirtuu Magaalaa fuladuratti deemsisu kan waantilee armaan gadii dabalatu addan baafachaa jiru:

Hojii Daandii Gubbaa irraa: Dandiiwwan Wiirtuu Magalaa waantooli dursi kennamuuf heddu ni qixxeessa. Tarsiimoon kun sochii dabaluudhaan daandiiwwan heddu geejibaaf ni dabala ykn mallattoo tiraafikii ni foyyessa.

Tajaajila Caaseffama Geejibaa irra deebi'anii Hojjachuu: Karaawwan Awutoobisaa yeroo ammaan kana gara daawon taawon deeman baabura magaalaa wajjin walqabachuu ni danda'u. Wanti kun namoonni geejiba kana fayyadaman bakke irraa gara bakkeetti sosocha'uun tajaajila geejibaa amansiisaa ta'e argachuu ni danda'u.

Kan Millaan Irra Deemamuu fi Naannoo Hawaasaa Foyyessuu: Daandiiwwan qarqaraa fi bakkeewwan geejibni itti eeggamu foyyessuun namoonni miillaan deeman Wiirtuu Magaala keessa haala salphaan akka deemanuu fi namoota geejibaan deemanuuf haala mijaa'aa ni uumaaf.

Hojii Mantagoo Biiskileetaa kan Wiirtuu Magaalaa: Daandiiwwan biiskileetaa eegaman karaawwan Wiirtuu Magaalaa tokko tokko irratti dabalamuun namoonni haala gaariidhaan akka walqunnamanii Wiirtuu Magaala kessa seenuuf ba'uu danda'an ni gargaara.

Sagantaa fi Tarsiimoo Bulchiinsaa: Tarsiimoon kun kan dabalatu tattaaffii dedeebi'a hir'isuu, paarkiing/bakka konkolaataan dhabbatuu fi qarqara sirreessuu, fi sagantaalee biraa kan namoon deddemanuu if daw'attoonni bakkee barbaadan haala gaariin qaqqabuu dandan gargaaruu fi maneen daldaalaa meeshaalee isaanii daddafanii hala salphaa ta'een arggachuu isaani kan mirkaneeffatuudha.

Dhabbileen miltoowwan ummata fi bulchoota qulfii ta'an wajjin ta'uun tarsiimoo sochii yeroo dhiyoo irratti yaada argachuuf ni hojjatu. Bara dhuftu, Kiing kawuntii fi geejibni sawundii jijjirama tajaajila geejibaa uumamuu danda'u ilaalchisee hunda qaqqabsiisuuf tattaaffii ni taasisa. Jijjiiramni geejibaa dhiyeenatti hojii irra kan ooluu danda'u birraa 2018tti.

Waggoota 20 keessatti Wiirtuun Magaalaa Maal Fakkaata?

Wiirtuu Magaalaa keessatti yeroo dhiyoo keessatti sochii foyyessuuf tarsiimoo qopheessuun dabalatatti , geejibaa fi naannoo hawaasaa hundaaf yoo miillaan, biskileetaan, kan meeshaan itti fee'amu, konkolaataa ykn geejiba kam iyyuu ta'e foyyessuuf mul'ata waggaa 20 ni uumna. Mul'ata keenya ilaalchisee odeeffannoo dabalataa argachuuf akkasumas funduratti haala itti nu gargaaruu dandeessan baruuf weebsaayitii keenya ilaalaa. Waggoota 20 keessatti akkamitti.....

- Ollaawwan keenya keessa akkamitti dedeeb'uu dandeenya?
- Kutaalee Magaala fi nannoo biraa wajjin akkamitti walqunnamna?
- Daandiiwwan keenyaa fi bakkeewwan uumataa akkamitti barraa?
- Meshaawwan mana fi daldaala keenyaaf akkamitti arganna?
- Magaala keenya tarkaanfachiisuu fi baruuf teeknoolojii fayyadamuu?

Odeeffannoo dabalataatif

Waa'ee Wiirtuu Magaala Tokkoo fi tarsiimoo sochii yeroo dhiyeenyaa ilaalchisee odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan weebsaayitii keenya kana ilaalaa.

OneCenterCity.org

Gaafii ykn yaada kam iyyuu yoo qabaattan, ykn tajaajila turjumaana/ hiika afaanii ykn rakkoo qaamaaf gargaarsa addaa kan barbaaddan yoo ta'e imeelii Kanaan nuuf barreessaa. info@OneCenterCity.org

City of Seattle

King County

SoundTransit

Downtown Seattle Association